Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 6 No. 2 June 2023
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

---

*Full Length Research Paper*

# Xiinxala Caasaa Hiibboowwan Oromoo Godina Qellem Wallaggaa Aanaalee Filatamanii

**Asaffaa Deebisaa**[a*]
**Qabbannaa Taaddasaa**[b]
**Mulugeetaa Teendaa**[c]

[A, b, c] Yuunivarsiitii Dambi Doolloo, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa, Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu
Iimeelii*: handhuuraaroobaa@gmail.com

Submission Date: October 30, 2022
Acceptance Date: June 27, 2023

---

## Axareeraa

*Kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaa caasaa caasimaa (syntactic structure) hiibboowwan Oromoo Godina Qellem Wallaggaa aanaalee filatamanii xiinxaluudha. Kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatu hojiirra oole. Qorannichaaf mala iddatteessuu miti-carraa keessaa tooftaa kaayyeffataa kan dhimma itti bahamedha. Qorannoo kana gaggeessuuf ragaaleen funaanaman madda tokkoffaafi lammaffaa irraa yoo ta'u, malli ragaaleen kunneen ittiin funaanaman immoo afgaaffii gamisaan caaseffamaati. Sababiin malli kunfilatames, maddi ragaalee tokkoffaan hibboo kallattiin afgaaffiidhaan maanguddoota irraa kan funaaname waan ta'eefi. Dabalataan, ragaalee maddi lammaffaan kan funaaname xiinxala dookimentii Waajjira Aadaafi Tuurizimii dhimmoota ogafaan Oromoo irratti barreeffamaan kuufaman irraati. Argannoowwan qorannichaan bira ga'ames, hiibboowwan Oromoo caasaa caasimaa salphaa qaban hiibboowwan hima tokkoon yookiin lamaan gaafatamanii jecha tokkoon yookiin gaalee tokkoon deebii kan argatan ta'uudha.* Hiibboowwan caasaa *kanaa yaada waliif faallaa/lakkisaa (oppositional) yookiin yaada waliif eeyyessaa (non-oppositional) agarsiisu. Dabalataanis, hiibboowwan Oromoo caasaa caasimaa xaxamaa qaban hiibboowwan hima tokkoon gaaffii gaafatamanii deebii lamaa ol argatan, himoota lamaa oliin gaafatamanii deebii lamaa ol argatan akkasumas himoota lamaa oliin gaafatamanii jecha tokkoon deebii argatan ta'uun hubatameera.*

**Jechoota Ijoo:** Hiibboo xaxamaa, hiibboo, hiibboo salphaa, caasaa caasimaa

---

# The Structural Analysis of Oromo Riddles: A Case of Kellem Wollega Zone

## Abstract

*The basic objective of this study was to analyze the syntactic structure of Oromoo riddles. The focus area of the study was the Kellem Wollega Zone. The study employed qualitative methods of data collection and analysis. Primary and secondary sources were used, and the informants were elders from four districts in this zone. A purposive sampling technique was applied to choose the informants. The data were collected using semi-structured interviews and document analysis. Secondary sources were collected from the document analysis of written and documented documents from the Zone Culture and Tourism Office. Based on this finding, Oromoo riddles have two types of sentence structures: simple sentences and complex sentences. Simple sentence riddles are riddles that are asked in one or two sentences and answered in one word or phrase. Simple sentence riddles indicate oppositional or non-oppositional types. Complex sentence structure riddles are asked in one sentence and receive more than two answers. And it is asked in more than two sentences and answered in one word.*

**Key Terms:** Complex riddles, riddle, simple riddle, syntactic structure

---

## 1. Seensa

### 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Hiibboowwan akaakuu ogafaanii barbaachisaa ta'anii, taatee hawaasaa adda ta'e kan bakka bu'udha. Hiibboowwan walitti qabuufi xiinxaluun mata-duree qorannoo ogafaanii keessatti kan jalqabedhuma jaarraa 19^ffaa^tti (Mayer, 2005). Taphni kun aartii afaaniin dhiyaatu ta'ee jireenya, duudhaa, falaasamaafi hawaasummaa keessatti gahee guddaa waan qabuuf, qoratamuun isaa barbaachisaadha. Ogafaan hawaasa tokkoo qorachuunis hawaasicha mataasaa qorachuudhaaf gargaara.

Hiikaan hiibboowwaniif kennamu,haala caasaa yookiin faayidaa dandeettii cimsuu akka qorsammuu, hawaasummaafi yaaduu irratti hundaa'a. Kun kan agarsiisu hayyoonni hiika kennuuf caasaa yookiin tajaajila hiibboon hawaasaaf kennu irratti xiyyeeffachuu isaaniiti (Shashetufi Kamil, 2019).Hiibboon dhaloota irraa dhalootatti afaaniin darbaa kan dhufe ta'ee, yaada bal'aa jechootaafi hima gabaabaadhaan kan ibsudha. Hiibboon akaakuu afoolaa gabaabaa deebii dhokataa qabuufi deebii dhokataa bira ga'uuf immoo gadi fageenyaan xiinxaluu kan gaafatudha. Dorson (1972, f.130) akka ibsutti, "Riddles are question that are framed with the purpose of confusing or testing the wits of those who do not know the answer." Yaadni kun kan hubachiisu, hiibboon bifa gaaffiitiin kan qophaa'e deebii cimaa kan qabuufi ciminni deebii isa sammuu namaa kan qorudha. Afoolli kun sammuu ijoollee kan qoruufi naannoo isaanii akka hubataniif kan gargaarudha. Kunis taphichi waantoonni naannoo beekamoon dubbiiwwan qoolaa garaagaraa fayyadamuun waan ibsamuufi.

Afoolli amaloota adda addaa qaba. Hiibboonis akaakuu afoolaa keessaa isa tokko waan ta'eef, amala afoolli qabu akka jijjiiramummaa, lufummaa, uummatummaa, hurruubummaafi miidhaginaa niqaba. Gama biraatiin immoo hiibboon bu'aa adda addaa qaba. Warquu (1992) akka ibsutti, hiibboon gaaffiifi deebii irratti hundaa'ee galgala galgala yeroo boqonnaa ofii gammachuun dabarsuuf, mukuu ba'uuf,

kofalchiisuufi barsiisuuf tapha gaggeeffamudha. Bu'uurri gaaffiifi deebii bal'inaan waan qabatamaa ta'e irratti hundaa'ee dandeettii afaanii cimsuufi sammuu qaruuf gahee guddaa kan qabu damee afoolaati.Dabalataanis, hiibboon ijoollee bashannansiisuun dabalatatti naannoo isaanii akka addaan baasaniifi aadaa hawaasichaa akka beekan taasisa (Awedoba, 2000).

Taphni hiibboo akkuma ogafaan biraa dandeettii dhimoota darban yaadachuu ijoollee cimsuuf ni gargaara. Tajaajila hiibboon qabu keessaa gama biraatiin immoo ijoollee seenaafi safuu barsiisuuf gargaaruu isaati. Taphni hiibboo safuu hawaasaa barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.Hiibboon sammuu ijoollee bohaarsuu yookiin bashannansiisuuf akka tajaajilu Finnegan (2012, f. 427) haala armaan gadiitiin ibsiti:

> The explicit purpose of riddles, then, is almost invariably amusement. Commentators have, however; predictably pointed too many of their incidental functions as well. Besides entertainment, riddles are sometimes claimed to play an indirect educational role by training children in quick thinking, in intellectual skill, and in classification.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, faayidaan hiibboo inni irra keessaa baay'inaan bohaarsuudha. Qeeqtonni yookiin xiinxaltonni adda addaa immoo hiibboon faayidaa bashannansiisuu qabuun dabalatatti faayidaalee biraas akka qabu eeru. Taphni hiibboo bashannansiisuun dabalatatti, alkallattiin gahee barnootaa bahuun ijoolleen ariitiin yaaduu akka shaakalan, dandeettii sammuu cimsuu, wantoota gargar qooduu yookiin hiruufi kan kana fakkaataniif akka tajaajilu hubachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, taphni hiibboo ijoolleen akka ittiin bohaaraniin dabalatatti gahee barnootaafi dandeettii sammuu cimsuu akka qabu faayidaalee hiibboon qabu keessaa isaan biraadha. Walumagalatti, hayyoonni garaagaraa hiibboof hiika adda addaa kennanii jiru. Hiibboon bifa gaaffiifi deebiitiin garee lama gidduutti kan taphatamudha. Taphni kun faayidaa bashannansiisuun dabalatatti ijoolleen tajaajila ariitiin waa xiinxluu akka shaakalan, dandeettii sammuu cimsuu, wantoota gargar qooduufi gahee barsiisuu qaba.

Taphni hiibboo akkuma taphoota biraa adeemsaafi seera mataasaa hordofee taphatama. Bifa gaaffiifi deebiitiin hirmaattotaan adeemsaafi seera tapha hiibboo hordofamuudhaan gaggeeffamu dhimmoota garaagaraa of keessatti haammata. Adeemsa hiibboo taphachuu keessatti, yemmuu galgala galgala ijoolleen taphatan maatiinis qooda fudhachuudhaan maatiin dhimmoota safuu hawaasaa ta'an itti himuun ijoolleen akka irraa baratan taasisa. Gaheen maatii hiibboo ijoolleetti himuudha. Hiibboon akaakuu ogafaanii keessaa bifa gaaffiifi deebiitiin garee lama gidduutti kan taphatamuyoo ta'u, tokko kan gaafatu inni kan biraa immookan tilmaamudha. Okpewho (1992, f. 293)akka ibsutti, "Riddle is a verbal puzzle in which a statement is posed in challenge and another statement is offered in response either to the hidden meaning as the form the challenge," jedha. Yaadni kun kan ibsu, hiibboon icciitii afaanii kan himni tokko gaafataa yoo ta'u, himni biraa immoo deebii hiika dhokataaf kan kennamudha. Deebii dhokataa kana bira ga'uuf immoo gadi fageenyaan xiinxaluu kan gaafatudha. Hiibboo hima, gaaffii yookiin gaalee ta'ee kan jechootaan qindaa'anii hirmaattota yookiin deebistoota burjaaja'u gochuun kan dhiyaatu ta'ee qooddii lama tokko gaaffiif kan tajaajiluu yoo ta'u inni biraan immoo deebiif kan tajaajiludha. Kanaafuu, hiibboon bifa gaaffiitiin kan qophaa'u ta'ee, gaafatamaa deebii isaa hinbeekne kan qorudha.

Qorannoon kun yaadiddama caasessummaa fayyadamuudhaan caasaa caasimaa hiibboowwanii kan xiinxaledha. Yaadiddamni caasessummaa caasaa waliigalaa kan caasaa dhokatee jiru ifa baasuuf tajaajiludha. Sims-fi Stephens (2005) akka ibsanitti, caasessummaan wantoota bu'uuraa, caasaa dhokataa dameewwanii kan guutuudhaaf gumaachuufi akkamitti akka walitti hidhachuudhaan wanta guutuu sana ijaaru baasuudhaan kan xiinxaludha. Caasaa caasimaa hiibboowwanii xiinxaluudhaaf yaada caasessummaa akka caasaaleesalphaafi xaxamaa dhimma itti bahuun barbaachisaadha (Finnegan, 2012).

Kanaafuu, caasaan hiibboo qorannoo kana keessatti yaadiddama caasessummaadhaan xiinxalamee agarsiifamee jira. Kanaafuu, kaayyoo gooroon qorannichaa caasaa caasimaa hiibboo Oromoo xiinxaluudha.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo ogafaan keessattuu tapha hiibbootiin hedduu badhaadhaadha. Uummatichi hiibboo dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsaa tureera. Ogafaan kana gargaaramuun ijoolleen hanga irbaanni gahutti akka hinmukoofneef taphachiisa. Hiibboowwan lakkoofsa, safuu, duudhaafi falaasama akka baratan akkasumas sammuun isaanii akka qaramu, dandeettii yaaduu, dubbachuufi dhaggeeffachuu gabbisuuf iddoo guddaa qaba. Ta'us, hawaasichi jireenyasaa keessatti hiibbootti haafayyadamu malee gahee taphni kun jiruufi jireenya keessatti qabu addaan baasee hinbeeku. Dabalataanis, qorannoo gahaan irratti hingaggeeffamne. Hiibboowwan adda addaa hawaasa keessa jiran kanneen immoo funaanuudhaan xiinxalanii barreeffamaan dhaloota boriif kaa'uun barbaachisaadha.

Hiibboo Oromoo irratti qorannoowwan muraasni gaggeeffamaneera. Keessattuu adeemsaafi faayidaa hiibboon ijoolleef qabu irratti Masarat (2016), unkaafi fakkoommii hiibboo irratti Lammaa (2017) akkasumas, gahee hiibboon ijoollee guddisuuf qabu irratti Abdisa (2018) qorannoo gaggeessaniiru. Qorattoonni kunniin adeemsa, faayidaa, unkaa, fakkoommiifi gahee hiibboo xiinxalaniiru. Haata'u malee, qorannoowwan sakatta'aman keessatti caasaan caasimaa hiibboo Oromoo xiyyeeffannoo hinarganne. Kanuma bu'uura godhachuun, qorannoon kun qaawwa kana guutuuf caasaan caasimaa hiibboowwan Oromoo akkamitti akka mul'atu xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha.

Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebi'uu qaban kanneen armaan gadiiti.

1. Hiibboowwan Oromoo caasaa salphaa jalatti ramadaman kanneen akkamiiti?
2. Hiibboowwan Oromoo caasaa xaxamaa jalatti qoodaman akkamitti dhiyaatu?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa caasaa caasimaa hiibboowwan Oromoo Godina Qellem Wallaggaa Aanaalee Sayyoo, Daallee Waabaraa, Laaloo Qileefi Daallee Sadii xiinxaluudha.

Kaayyoolee gooreen qorannichaa immoo:

- Hiibboowwan Oromoo caasaa salphaa jalatti ramadaman addaan baasuu
- Hiibboowwan Oromoo caasaa xaxamaa qaban akkamitti akka dhiyaatan ibsuu

## 2 Sakatta'a Barruu

Hiibboon akaakuu afoolaa unkaa gabaabaatiin dhiyaatudha. Hiibboon haala gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatuufi garee lama gidduutti kan taphatamudha. Garee lamaan keessaa tokko kan gaafatu yoo ta'u, kan biraa immoo deebii kan tilmaamudha. Gaafataan hiibboo gaafachuuf 'hiibboo' yoo jedhu, deebisaan immoo deebii yaaluuf 'hiibbakka' yookiin 'hibib' yookiin 'hib' jedha.

Hiibboon hima, gaaffii yookiin gaalee hiika lama qabudha. Karaa biraa immoo tapha furmaata yookiin deebii barbaadudha. Ogafaan keessatti hiibboon gaggabaabaa, kan unka walfakkaataa qabuufi kan bifa walaloo qabudha. Finnegan (2012: f.414) akkaibsitutti, "In a general way 'riddles' are readily distinguishable by their question-and-answer form and by their brevity," jetti. Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti, hiibboowwan bifa gaaffiifi deebii akkasumas gaggabaabinaan beekama. Kunis yaada bal'aa jechoota muraasaafi himoota gaggabaaboon kan ibsudha. Kana malees, hiibboon bifa gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatuufi gareedhaan kan taphatamudha.

Hiibboon nama tokko qofaan hintaphatamu. Yoo xiqqaate namoota lamaan taphatama. Hirmaattonni kunis saalaan osoo hindaangofne dhiiras dhalaas kan ilaallatu ta’ee, yeroo baay’ee ijoolleedhaan taphatama. Ta’us dargaggootas ta’ee abbootiifi haadholiin darbee darbee taphachuu nidanda’u. Warquu (1992) akka ibsutti, tapha hiibboo irratti bal’inaan qooda kan fudhatan ijoolleefi dabree dabree dargaggeeyyiidha. Namoonni gurguddoon abbootiifi haadholiin garuu seerri hiibboo yoo cabe sirreessuuf hirmaatu.

Yeroo durii akka yeroo ammaa barnoonni ammayyaa osoo hinbabal’atiin dura karaan uummanni daa’imman isaa barsiisu, gorsu, sona, falaasmaafi aadaa isaa ittiin dabarfatu keessaa tokko hiibboodha. Hiibboon uummata Oromoof faayidaa hedduu qaba. Fedhasaa (2019) akka ibsutti, hiibboon sammuu daa’immanii dadammaqsuuf, guddisuuf, yaada tokko bal’isanii ibsuuf, waa’ee namaa, bineensotaafi naannoo sirriitti akka hubatan gargaaruu keessatti bakka guddaa qaba. Akkasumas hiibboon faayidaalee biraa akka aadaafi falasama sabaa dabarsuuf, dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu cimsuuf, yaada tokko gadi fageenyaan qorachuuf, obsa horachiisuufi walitti dhufeenyanamootaa cimsuuf gargaara.

Hiibboon faayidaa bashannansiisuufi ijoolleen dhimmoota kanaan dura maatii irraa dhaga’an deddeebisanii yaadachuun yemmuu taphatan akka haasa’an taasisa. Keessumaa hiibboo taphatamuufi arrabsoon nama hiibboo deebisuu wallaale ittiin arrabsan yaadachuun akka deebisanii jedhaniif taphichi ni gargaara. Taphni hiibboo ijoolleen yeroo hiibboo taphatan deebiisaa argachuuf jecha gadi fageenyaan waan xiinxalaniif, waan dhaga’an sana hinirranfatani.

Yaadiddamoonni ogafaan ittiin xiinxalaman hedduudha. Isaan keessaas beekamoon caasessummaa, faayideessummaa, xiinsammuu, haalawaa, bifeessummaa, seenaa deebisanii ijaaruufi jijjiirama suutumaa fa’a. Qorannoon kun yaadiddama caasessummaa irratti bu’uureeffachuun kan xiinxalameedha.

Yaadiddamni caasessummaa caasaa waliigalaa kan caasaa dhokatee jiru ifa baasuuf gargaarudha. Hayyoonni Simsi-fi Stephens (2005, f. 179) yoo ibsan, “A structuralist analysis should reveal a basic, underlying pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other in forming the whole,” jechuudhaan balballoomsu. Akka yaada kanaatti, caasessummaan wantoota bu’uuraa, caasaa dhokataa dameewwanii kan guutuudhaaf gumaachuufi akkamitti akka walitti hidhachuudhaan wanta guutuu sana ijaaru baasuudhaan kan xiinxaludha.

Dabalataan, maalummaa mala caasessummaa ilaalchisuudhaan akka Simsi-fi Stephens (2005, f.180) ibsanitti, “The structuralist approach, while primarily applied to stories, works in many other genres too.” Yaada kanarraa akkuma hubatamutti, malli caasessummaa akkuma gooroowwan seeneffamoota xiinxaluuf hojiirra oolu gosoota hojiiwwan ogafaanii biraas xiinxaluuf ni oola.Qorannoo hiibboo keessattis caasessummaan caasaa waliigalaa hiibboowwan qaban hundeessuus kan tajaajiludha. Gama birootiin immoo Ali (2013, f. 288) akka ibsutti,

> Structuralists often investigate the system whereby individual texts are related to each other, because they believe that they are only expressing agents of a superior social and cultural system. From their viewpoint, the primary task of the critic is to study the "grammar" of literature, the system of rules that govern literary interpretation. Thus, they often search for the common understructures of literary productions of a certain author or even a whole period.

Yaada kanarraa akkuma hubachuun danda’amutti, caasessitoonni sirna tokkoon tokkoon barruuwwanii dhuunfaadhaan hariiroo waliin qaban baasuudha. Sababiin isaas ilaalchi hayyoota caasessummaa sirna olaanaa hawaasummaafi aadaa mul’isuudha. Akka yaada isaaniitti, hojiin dursaa qeeqa isaanii caasluga

oguma qorachuun sirna hiika ogumaa seeraan too'atu hundeessuudha. Kanaafuu, caasessitoonni caasaa dhokataa hojiiwwan ogumaa waliigalaa barreessichaa yookiin barreessitoota yeroo sanaa barbaaduudha.

Amaloota caasaa himaa hiibboowwan Oromoo xiinxaluu keessatti, ilaalcha caasessummaa irraa fudhatame kanakka caasaan himaafi bifa walaloo kan ibsamu ta'a. Shashetu-fi Kamil (2019) hayyuu Bascom (1965) wabeeffachuun akka ibsanitti, ijaarsi xiinqooqaa hiibboo yookiin akkaataan ibsa dubbii hiibboo caasima, jechaafi caasaa caaslugaatiin dhiibbaan irra gaha. Walumaagalatti, qorannoon kunis hiibboowwan Oromoo caasaa caasima akkamii akka qabu agarsiisuudha.

## 3 Malleen Qorannichaa

Kaayyoo ijoon qorannoo kanaa caasaa caasimaa hiibboowwan Oromoo xiinxaluudha. Qorannichi mala qorannoo akkamtaa gargaaramuun kanadeemsifamedha.Sababni isaas afoola hawaasaa irratti qorannoo gaggeessuuf mala kanatu filatamadha. Dabalataan, ragaaleeafoolaa hubannoofi muuxannoo hawaasaa qindeessuun jechaan ibsuuf mijataa waan ta'eefi.Bu'aan qorannoo kanaa barreeffamaan hawaasa bira dhaqqabuun aadaa, sonaa, ilaalchaafifalaasama uummata Oromoo Godina Qellem Wallaggaa aanaaleeSayyoo, Daallee Waabaraa, Laaloo Qileefi Daallee Sadiikan tajaajiludha.

Ragaaleen qorannoo kanaaf gargaaran argachuuf maddaragaalee tokkoffaa maanguddootaafi madda ragaalee lammaffaanimmoo xiinxala dookimentii afoolaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii irraa kan funaanamedha.Qorannoo kana keessatti malli iddatteessuu dhimma itti bahame miti-carraadha.Mala iddatteessuu qorannichaaf filatame keessaa tooftaa kaayyeffataatu hojiirra oole. Malli ragaaleen ittiin funaanaman mala funaansa ragaalee afgaaffii gamisaan caaseffamaafi xiinxala dookimentiiti. Hiibboowwan malleen kanaan funaanaman mala xiinxala ibsaa gargaaramuun qoqqooduudhaan jechaan xiinxalamee jira.

## 4 Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Hiibboon kallattii garaagaraatiin qoratamuu danda'a. Qorannoon kun caasaacaasimaa (*syntacticstructure*) hiibboowwan Oromoo kan xiinxaledha. Akka hayyoonni ibsanitti hiibboon caasaa caasimaa adda addaaqaba. Caasaaleen kunneen keessaa caasaan salphaafi xaxamaan isaan muraasadha. Xiinxalli hiibboo irratti gaggeeffame kunis caasaa salphaafi xaxamaa irratti kan hundaa'edha. Hanga ciroo irraa ijaaramaniitiin garaagarummaa haaqabaatan malee, hiibboon qaamolee matimaafi kutima (predicate) irraa ijaarama. Qoodamni hiibboowwanii haala gaaffiin itti dhihaatuufi deebiin itti kennamu irratti kan hundaa'udha.

### I. Hiibboowwan Caasaa Caasimaa Salphaa

Caasaahiibboowwan qaban keessaa tokko caasaa salphaadha. Finnegan (2012, f. 414) akka barreessitetti, "Very often the riddle is in the simple form of a phrase or statement referring to some well-known object in more or less veiled language. Examples of such simple riddles seem to occur all over the continent" jetti. Yaada kanarraa akka hubatamutti, hiibboon caasaalee hedduu qaba. Caasaan yeroo baay'ee beekamu caasaa salphaa gaaleen yookiin himaan dhiyaatudha. Caasaan kun hiibboowwan addunyaa kanarra jiran ittiin dhiyaatanidha. Kanaafuu, hiibboon Oromoo caasaa salphaan dhiyaachuu danda'a.

Hiibboowwan caasaa salphaa hiibboowwan hima tokkoon yookiin lamaan gaafatamanii jecha tokkoon yookiin gaalee tokkoon deebii argatanidha. Hiibboowwan caasaa salphaa jedhaman haala walitti dhufeenya gaaffiifi deebii hiibboo irratti hundaa'uun caasaa biraarraa addaan bahu. Hiibboowwan caasaa kanaa yaada waliif faallaa/lakkisaa (*oppositional*) yookiin yaada waliif eeyyessaa (non-*oppositional*) kan agarsiisanidha.

Fakkeenya (1)

- Guutan hinulfaatu. (yeroo)
- Osoo walbira jirtuu wal hinagartu. (ija)
- Yoo deemu hinmul’atu. (bubbee)
- Kophaa deemti hinsodaattu. (biiftuu)
- Dhiibaa ooli hinsocho’u. (gaara)
- Qara qaba nama hinmuru. (baala)

Hiibboowwan fakkeenya (1) irratti eeraman caasaa caasimaa yaada waliif faallaa of keessatti qabatee jira. Hiibboowwan kunneen maxxantuu ‘hin-’ jedhuun kan mul’atudha. Fakkeenya irratti hiibboowwan mul’atan caasaa salphaa kanneen qabanidha. Hiibboowwan kunneen hima tokkoon gaafatamanii jecha tokkoon kan deebii argatanidha. Hiibboowwan kanneen yaada waliif faallaa agarsiisu. Gama biraatiin immoo hiibboowwan itti aananii dhiyaatan yaada waliif faallaa lama agarsiisanis ni argamu.

Fakkeenya (2)

- Yoo nyaatu hingabbatu, yoo baatu hiyaratu. (dhagaa daakuu)
- Ilkaan hinqabu; dheedhii nyaachuu hindadhabu. (lukkuu)
- Ayyaas hinfakkaatu; abbaas hinfakkaatu. (gaangee)
- Afaan qaba hindubbatu; gishee qaba hinhurgufatu. (mana citaa)
- Osoo hinwaamiin dhuftee, osoo hinergiin deemte. (urjii)

Fakkeenya (2) irratti hiibboowwan argaman caasaa yaada waliif faallaa agarsiisu. Hiibboowwan kunneen maxxantuu ‘hin-’ jedhan lama lamaan kan mul’atanidha.Fakkeenya irratti hiibboowwan mul’atan caasaa salphaa kanneen qabanidha. Hiibboowwan kunneen hima tokko yookiin lamaan gaafatamanii jecha tokkoon kan deebii argatanidha. Haata’u malee, hiibboowwan yaada waliif eeyyessaa agarsiisanis armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

Fakkeenya (3)

- Bara duraa ni mi’oofti, bara maayii ni hadhoofti. (deeffuu)
- Calaq calaqqisee mootii sodaachise. (bakakkaa)
- Osoo boossuu kofalti, osoo hootuu mar’atti. (masiinqoo)
- Ganna ni dorrobdi, bona ni gatatti. (doloolloo)
- As taa’ee gamatti si waraana. (ija)
- Lagarra kaatti saree fakkaatti. (sardiida)

Akkuma fakkeenya (3) irratti dhiyaate hiibboowwan caasaa salphaa qabanidha. Hiibboowwan kunniinis hima tokkoon yookiin lamaan gaafatamanii jecha tokkoon kan deebii argatanidha. Hiibboowwan kunneen yaada waliif eeyyessaa kan agarsiisudha.

**II. Hiibboowwan Caasaa Caasimaa Xaxamaa**

Hiibboowwan caasaa salphaa qaban akuma jiran hiibboowwan caasaa xaxamaadhaanis dhiyaachuu danda’u. Yaada kana ilaalchisee Finnegan (2012, f. 421) akka ibsitutti, “These longer and more complex forms are, however, relatively rare, and most of the remaining discussion about style and language will be concerned with the more common simple riddle.” Yaada kanarraa akkuma hubatamutti, hiibboon bifa dheeraafi xaxamaan dhiyaatan muraasa kanneen ta’an, haalliifi afaan ittiin dhiyaatan immoo akkuma warra hiibboo salphaati. Hiibboowwan xaxamaan akkuma hiibboowwan salphaa amaloota caasaa mataasaanii kanneen qabanidha. Caasaawwan kunneen hiibboowwan hima tokkoon gaaffii gaafatamanii deebii lamaa olargatan, himoota lamaa oliin gaafatamanii deebii lamaa olargatan, himoota lamaa oliin gaafatamanii jecha tokkoon deebii argatanidha.

**A/ Hiibboowwan hima tokkoon gaaffii gaafatamanii, deebii lamaa olargatan**

Hiibboowwan caasaa xaxamaa qaban akkaataa garaagaraatiin mul'atu. Isaan keessaa tokko hiibboowwan hima tokkoon gaafatamanii deebiiwwan isaanii lamaa oliin kan kennamudha.

Fakkeenya (4)

a) Gaaffii: Waa sadi waa sadi baata.
Deebii: Waa sadi sunsuma sadanidha.

Waa sadi baatamu immoo eelee, biddeeniifi gombisaadha.

Fakkeenya 4 (a) irraa akkuma hubatamutti hiibboon kun hima tokkoon kan gaafatamu yoo ta'u, deebii lamaa oljechuunis deebiin afur kan kennamedha. Kanaafuu, hiibboon kun hiibboo xaxamaa jalatti ramadama. Hiibboowwan kana fakkaatanis garee kana jalatti ramaduu ni dandeenya.

b) Gaaffii: Waa sadi teessumaan tola.
Deebii: Gowwaa, Abidda, Dhagaa

c) Gaaffii: Waa sadi dinqi.
Deebii: Eelee hinfannisan.

Niitii hinergisan.

Mooyyee hinqoraasan.

Akkuma fakkeenya 4 (bfi c) irraa hubachuun danda'amutti hiibboon kun hima tokkoon kan gaafatamu yoo ta'u, deebii lamaa ol jechuunis deebiin sadi kan kennamedha. Kanaafuu, hiibboon kun hiibboo xaxamaa jalatti ramadama. Hiibboowwan kana fakkaatanis garee kana jalatti ramaduunni danda'ama.

d) Gaaffii: Waan raajii waa ja'a raaji.

Deebii: Samii utubaa malee dhaabbatu.

Lafa dhisaa malee diriirte.

Hiddii sooran malee gabbatu.

Qoree qaran malee qaramte.

Huummoo dhukkuba malee aadu.

Bishaan ooficha malee yaa'u.

Fakkeenya 4 (d) irraa akkuma hubatamutti hiibboon kun hima tokkoon kan gaafatamu yoo ta'u, deebii lamaa ol jechuunis deebiin ja'a kan kennamedha. Kanaafuu, hiibboon kun hiibboo xaxamaa jalatti ramadama. Hiibboowwan kana fakkaatanis garee kana jalatti ramaduu ni dandeenya.

**B/ Hiibboowwan himoota lamaa oliin gaafatamanii, deebii lamaa olargatan**

Hiibboowwan qooddii kana jalatti gurmaa'an immoo hiibboowwan gaaffiin isaanii hima lamaa oliin ta'ee, deebiin kennamu immoo lamaa ol ta'uu qaba. Hiibboon garee kana yeroo baay'ee hiibboowwan bifa walalootiin dhiyaatanidha.

Fakkeenya (5)

a) Gaaffii: Harbuu rarraate; quncee maramte; qilee afaan buute.
Deebii: Mucha sa'aa, Gaadii, Okolee

b) Gaaffii: Irraan dhoqqee; jalaan dhoqqee; gidduun warqee.
Deebii: Gombisaa, Eelee, Buddeen

c) Gaaffii: Manni isaanii ni fagaatti; midhaan isaanii ni mi'oofti; sareen isaanii nama nyaatti.
Deebii: Gaagura, Damma, Kanniisa

Hiibboowwan himoota lamaa oliin gaafatamanii deebii lamaa ol argatan hiibboowwan baay'ee cimoo kanneen ta'anidha. Hiibboowwan akkanaa yaada isaanii hubachuuf sirriitti xiinxaluun barbaachisaadha. Akkuma fakkeenya 5 (a-c) irraa hubatamutti, hiibboowwan gaaffii lamaa oliin gaafatamanii deebii lamaa ol argatanidha. Dabalataanis, hiibboowwan kunneen amala walaloo qabu. Amaloota walaloo keessaa bilbila sagalee ilaaluun ni danda'ama.

Bibilli sagalee sagaleewwan dubbachiiftuufi dubbifamaa walfakkaataan hiibboo keessa jiraachuudha. Hiibboowwan Oromoos bilbila sagalee walfakkaataadhuma gareewwan caasaa hiibboo kan qabudha. Hiibboo fakkeenya 5 (a) 'Harbuu rarraa*te*/ quncee maram*te*/ qilee afaan buu*te*' jedhu keessatti bilbilli sagalee dhuma himootaa dubbachiiftuufi dubbifamaa walfakkaatan '*-te*' qabaachuun hubatamuu qaba. Akkasumas, hiibboo (b) 'Irraan dhoq*qee*/ jalaan dhoq*qee*/ gidduun war*qee*' jedhu keessatti bilbilli sagalee dhuma himootaa dubbachiiftuufi dubbifamaa walfakkaatan '*-qee*' kan qabudha. Dabalataanis, hiibboo (c) 'Manni isaanii ni fagaat*ti*/ midhaan isaanii ni mi'oof*ti*/ sareen isaanii nama nyaat*ti*' jedhu keessatti bilbilli sagalee dhumaa himootaa dubbachiiftuufi dubbifamaa '*-ti*' kan qabudha. Kanaafuu, fakkeenyonni (a-c) kan agarsiisan bilbilli sagalee dhumaa walfakkaatan amala walaloo hiibboowwan Oromoo qabaniifi yeroo gaafataman yeedalummaa akka gonfatan kan taasisudha.

**C/ Hiibboowwan himoota lamaa oliin gaafatamanii jecha tokkoon deebii argatan**

Hiibboowwan qooddii kana jalatti xiinxalamuu danda'an hiibboowwan gaaffiin isaanii hima lamaa oliin ta'ee, deebiin kennamu immoo tokko kan ta'edha.

Fakkeenya (6)

a) Gaaffii: Hindhiqattu; hindibattu; ni bareeddi.
Deebii: Hiddii

b) Gaaffii: Teessoo hinqabdu; hinteessisani.Fannoo hinqabdu; hinfannisani.
Deebii: Killee

c) Gaaffii: Koola hinqabdu; ni bararti.Gaafa hinqabdu; ni waraanti.
Deebii: Rasaasa

Hiibboowwan fakkeenya 6 (a-c) irraa akka hubatamutti, himoota lamaa oliin gaafatamanii deebii tokko kan argatanidha. Gaaffii hiibboo (a)n hima sadiin, (b)n afuriin akkasumas (c)n afuriin kan gaafatamanidha. Deebiiwwan gaaffii hiibboo sadanii jecha tokkoon kan kennamedha. Kanaafuu, hiibboowwan kunneen hiibboo xaxamaa jalatti ramadamuu danda'u.Walumaagalatti, hiibboowwan Afaan Oromoo akkuma caasaa salphaan dhiyaatan caasaa xaxamaan dhiyaachuu ni danda'u. Xiinxala gaggeeffameenis,hiibboowwancaasaa xaxamaa hiibboowwan hima tokkoon gaaffii gaafatamanii deebii

lamaa ol argatan, himoota lamaa oliin gaafatamanii deebii lamaa ol argatan akkasumas himoota lamaa oliin gaafatamanii jecha tokkoon deebii argatankan qabudha.

# 5 Guduunfaa

Hiibboon ilaalcha garaagaraatiin qoratamuu danda'a. Qorannoon kun immoo caasaa caasimaa hiibboowwan Oromoo xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Hiibboon caasaa caasimaa salphaafi xaxamaa irraa ijaarama. Qoodamni caasaa caasimaa hiibboowwanii haala gaaffiin itti dhihaatuufi deebiin itti kennamu irratti kan hundaa'udha.

Kaayyoo ijoon qorannoo kanaa hiibboowwan Oromoo funaanuun caasaalee isaanii xiinxaluudha. Haaluma kanaan, waraqaa kana keessatti xiinxala caasaa ogafaanii keessattuu hiibboo irratti hundaa'uun gaggeeffameera. Hiibboowwan funaanuuf mala funaansa ragaalee afgaaffii gamisaan caaseffamaafi xiinxala dookimentiitti dhimma bahame. Ragaaleen qorannichaaf funaanaman irraa akka hubatamutti, hiibboowwan Oromoo caasaalee garaagaraa qabu. Argannoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun guduunfaa armaan gadiirra gahameera.

Qorannichi akka agarsiisutti, hiibboowwan Oromoocaasaa salphaa qaban hiibboowwan hima tokkoon yookiin lamaan gaafatamanii jecha tokkoon yookiin gaalee tokkoon deebii argatanidha. Hiibboowwan caasaa salphaa jedhaman haala walitti dhufeenya gaaffiifi deebii hiibboo irratti hundaa'uun caasaa biraarraa addaan bahu. Hiibboowwan caasaa kanaa yaada waliif faallaa/lakkisaa (*oppositional*) yookiin yaada waliif eeyyessaa (*non-oppositional*) kan agarsiisanidha.Dabalataanis, hiibboowwan Oromoo caasaa xaxamaa qabanhiibboowwan hima tokkoon gaaffii gaafatamanii deebii lamaa ol argatan, himoota lamaa oliin gaafatamanii deebii lamaa ol argatan akkasumas himoota lamaa oliin gaafatamanii jecha tokkoon deebii argatan ta'uun hubatamee jira.

## Wabiilee


Abdisa Geneti. (2018). *Roles and Rituals of Riddle in Early Childhood Development and Eduaction: The Case of Kereyu Oromo.* MA Thesis, Addis Ababa University (Unpublished).

Ali, T. (2013). Theory and Practice in Language Studies: A Theory of Literary Structuralism (in Henry James).*Finland Journal of Accademy Publisher*, 3 (2): 285-292.

Awedoba, A. (2000). *An Introduction to Kasena Society and Culture through their Proverbs.* Lanham: University Press of America.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago and London: The University of Chicago Press.

Fedhasaa Taaddasaa. (2019). *Bu'uraalee Ogbarruu Oromoo* (Maxxa. 3[ffaa]). Finfinnee, Oromiyaa.

Finnegan, R. (2012). *Oral Literature in Africa.*World Oral Literature Series (Volume 1). Open Book Publishers (Cambridge, UK).

Lammaa Kabbadaa**.** (2017).*Qaaccessa Unkaafi Fakkoommii Hiibboo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Walisoo.*Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa, Yuunivarsiitii Finfinnee (Kan Hinmaxxanfamiin).

Masarat Tasfaayee. (2016). *Qaaccessa Adeemsaafi Faayidaa Hiibboon Oromoo Ijoolleef Qabu: Haala Qabatamaa Aanaa Ada'aa.* Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa,Yuunivarsiitii Finfinnee (Kan Hinmaxxanfamiin).

Mayer, R. (2005). *Riddles As Indicator of Cultural and Linguistic Convergence in The Gurage Region*. Mainz University.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Background, Character and Continuity.* Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press.

Shashetu Bayu and Kamil Nuredin. (2019). The Form and Structures of Gurage Riddles: A Case of Cheha Gurage Riddles. *Inter. J. Eng. Lit. Cult*. 7(9): 317-322

Sims, C. and Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to the Study of People and their Traditions*. Utah: Utah State University press.

Warquu Dachaasaa. (1992). Hiibboo. *Wiirtuu* (Jildii 5). Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.